TALAALLII BOODA

TALAALLII YOO FUDHATTU MAALTU SIRRAA EEGGAMA

Namoonni tokko tokko erga talaallii fudhatan booda miidhaan irratti mullachuu mala. Miidhaan (hafri) guyyaa tokko yokiin lama turuu dandaha garuu hujii idilee hojjachuurraa si hin dhoowwu. Wanni Qabaachuu maltu:

- Ceekuun nama dhukkkubuu.
- Dhukkubbii maashaa.
- Dadhabbii.
- Dhukkubbii mataa.
- Ho'a qaamaa.

mallattoolee dhukkubbii talaallii booda mullatan kanaaf waan dhukkubbii hir'isuu danda'u kan akka Tylenol/ acetaminophen yokiin Advil/ibuprofen fayyadamuu dandeessa.

YOO RAKKOON HAMAAN JIRAATEHOO?

Namootni muraasni miidhaa hineegamne COVID-19 cimaa qabaachuu malu. Waan mudachuu danda'uudha, keessattuu daqiiqaawwan 15 hanga 30 erga talaallii fudhattee booda waanuma muudachuuu danda'udha.

Miidhaan masoo waan darbee darbee mudatuu dha garuu tarii waan si mudachuu danda'u adda baafachuudhaf daqiiqaawwan 15 hanga 30 akka turtu gaafatamuu malta.

Erga iddoo kilinika talaallii sanaa deemte Yoo alaarjikii hamaan sirratti mullate dooktara keef bilbili yokiin hospitaala dhiheenyakee jiru deemi. Mallatoolen miidhaa hineegamne beekkamoon:

- Hafuura baafachuu dadhabuu.
- Fuula fi kokkeen kee iita'uu.
- Dhikkisa onne cimaa.
- Weeraraa/shifii qaamaa guutuu.
- Miira dadhabbii fii martoo.

Talaallii booda miidhaa mullatu kamuu garee Vaccine Adverse Event Reporting System (VAERS) jedhamutti gabaafamuu qaba. Dhiheessitoonni yaala fayyaa keeetii gabaasa kana ni dhiheessu yokiin atiis ofiif gochuu dandeessa.

Weebsaayitii VAERS www.vaers.hhs.gov ilaali yokiin 1-800-822-7967 bilbili
VAERS talaallii booda miidhaa mullatu qofa qabaasu, hojjattoonni isaanii gorsa fayyaa hin laatan.

TALAALLII BOODA

MADINUMMAA(ITTISMAATA) GUUTUU COVID-19 KANA IRRAA YOOMIIN HORADHA?

Guutumatti eegumsa horachuuf talaallii marsaa lammaffaa(kan Moderna yokiin Pfizer) yokiin talaallii tokkicha Johson and Johson erga fudhatte torbee lama fudhata.

ERGAAN TALAALAME BOODA COVID-19'N NA QABAA?

Talaalliin kun sirritti kan hojjatu tahullee carraan xiqqaan namoonni talaallii guutuu fudhatan covid-19'n qabamuus ni jira. Erga talaallii covid-19 kana godhanne boodallee tatamsa'ina covid-19 hir'isuuf qaceelfama biiroo fayyaa itti fufinsaan hordofuun barbaachisaadha.

ERGAAN TALAALLII GODHADHE BOODAAS HAGUUGGII FUULAA (FACE MASK) GODHACHUUN QABAA?

Namoota kamiifiyyuu talaalii kennuun yeroo xiqqoo fudhachuu mala. Talaallii 100% bu'a qabeessa tahe hin jiru. Erga talaallii godhatte boodaas nageenya hawaasa keetii eeguuf waan kana hunda gochuu qabda

KAARDIIN TALAALLII KIYYAA YOO NA JALAA BADE AKKAMITTIIN KAN BIRAA ARGADHA?

Yoo kaardiin kee erga marsaa duraa waraannate booda si jalaa bade yeroo marsaa lammaffaa waraannattu gaafachuun haarawa fudhadhu.

yoo kaardiin kee erga guutummaan talaallii fudhatte booda si jalaa bade Biiiroo Fayyaa Minisootaa toora www.health.state.mn.us/people/immunize/miic/records yokiin 651-201-3980 irratti qunnami.

Oromo 5/12/21